# Mootummootiin abbaa irree Meeshaa waraanaa dhiisanii otoo bakakkaa hidhatanii dhufan illee Bulchiinsonni humna waraanaa isaanii, humna uummataatii ol ta'anii hinbeekan!!

Gola seenaa wayta qorannu Bulchiinsi humna waraanaa Biyyoota addunyaa keenyaa hedduu keessatti kan raawwatee darbe ta'ullee akka ardii afriikaatti garuu kan irratti dagaagee hin argamu.

Biyyoota akka Spain, Portugal, Greece, Turkey, Pakistanfi akkasumas biyyoota Laatiinfi giddu galeessa Ameerikaa kanneen akka Nicaragua, Bolivia, Chilefi  Argentina, keessattis argameera.
Waqtii Kolonii gaangisteroota Biritaania irraa qabee biyyoota akka Nigeria, Ghana, Sierra Leone, Egypt, Sudan, Kenya fi kkf Keessatti akkasumas scavengerootni France illee akkasuma biyyoota akka Senegal, Algeria, Danomey (Benin Republic) fi Chad faa keessatti bulchiinsa humna waraanaa akka amma wayyaaneen Oromoo irratti gaggeessaa jirtuu gaggeessaa akka turan seenaa irraa baranna.

Akkuma Koloniin Afrikaa xumurameen jalqaba irratti bulchiinsi siivilii kan rimaaye fakkaatullee, garuu akkuma meeshaa toftaaf itti dhimma bahan malee dilas hojiitti geeddaramee hin argamne.

Hinumaatuu akkuma warri koloneessitootni ardittii gadhiisanii bahaniin saboonni aangootti ol bahan aangoo harkaa qabanitti fayyadamuun daangaa saboota isaan jalatti argamuu gosoota isaaniif/mataa ofiif babal'isuu eegalan.

Kunis biyyoota akka Benin, Yoruba fi Nigeria naannawa Kanuri; jedhamutti , Africa Kibbaa Zulu, Kenya kikuyu tti fi ardittii iddoo hedduutti mulateera.

Afrikaa keessatti sababaan itti biyyootiin Military rule bulchiinsa humna waraanaa  jala itti galan keessaa sabni tokko saba isa tokko dominate godhee bituuf wayta yaaluttidha jedha qorataan siyaasaa kan ta'e  S.O. Arifolo namni jedhamu.

Kanaafis biyya Dahomey (Benin Republic) akka fakkeenyaatti yoo kaase illee qorannoon isaa kun unu birattis dhugaadha.

Wayyaaneen master pilaanii Finfinnee wayta qopheeffattetti Muummichi ministeeraa Haylamaaram Dassaaleny paarlaamaa irratti bahanii waan dubbatan hin dagatiinaa. "Oromiyaa keessatti aangawootiin OPDO malaammaltummaatiin waan investeroota rakkisaniif malaan maltummaa kana to'annee investerootaaf haala mijaaaa uumuuf jecha bulchiinsi lafaa naannawa Finfinnee Federaala jala galuu qaba." Jedhanii afaan guuttatanii dubbatan. Gama Biraatiin miseensa EPRDF kan ta'e OPDO n biyya bulchuu akkka hindandeenye itti himuu isaaniitiisi.

Kaan haaturuu har'allee sababaa isaan ittiin aangawoota OPDO keessaa dhiigaan qulqulluu ta'ani itti taayitaa irraa darbachaa jiran **Bilchiinsa gaarii** fiduufidha haa jedhan malee Sababichi <u>sagantaa aangawoota warrra dhiigaan qulqulluu ta'anii saba ofiif naasuu godhatan muraasa yk Oromoof gaarii ta'e buqqisuudha.</u>

Qorannaan olitti kaafne kun akka jedhutti, sababni kan biraan humnootiin waraanaa bulchiinsa waraanaa jala biyyoota itti galchan Economic Stagflation kufaatii dinagdeeti.

"Maqaatiin yeroo waaman akka sababaatti haa kaafatan malee sababni isaanii inni dhugaan  maaliif akka Bulchiinsa humna waraanaa fayyadaman kan biraa ta'uu danda'a. Afaaniin yeroo dubbatan sababni isaanii Corraptioniin waan guddateef sana to'achuufidha jechuun dubbachuu danda'u. Garuu sababni isaanii ifaa miti; ajandaa dhokataa

qabataniiti bulchiinsa humna waraanaa jala saboota galchu." jedha qorataan kuni. Kanaafis, biyya Uganda, Keessatti mootummaa Mitton Obote /Muummichaa ministeera kanture/ akkamitti Idi Amiin taayitaa irraa buusee akka qabate akka fakkeenyaatti kaasa.

Qorannaan International Journal of Current Research, Vol. 6, kan bara 2014 ammoo akka jedhutti sababaan humna waraanaan buluu Afriikaa rakkoo Idology ukkaamsuuf godhamu ta'uu dabalataan kaasa.

Kunis: Gaaffiin Idology biyya Afriikaa keessatti humna waraanaan hindeebi'u jedha.

Kanaafis warraqsa Maghreb (North Africa). akka fakkeenyaatti kaasa. Idology ilmi namaa uumamaan jijjiirama fedhuu irraa qabu itti dhimma bahuun warraaqsa sooshaalismii Arabaa Aljeeriyaafi Egypt irraa waraabbatee Gaadaafiin bara 1969 tti akkamitti akka mootii Liibiyaa Idrisiin gara galche kaasa.

Bifuma walfakkaatuun seenaa Naajeeriyaa keessatti kan dhiiga waldibsiise hedduun sababaa garaagarummaa Idology dhalatee kan ture ta'uu tarreessa. Kun ammoo yaaddoon biyyittii adda addaan qooduu, waraana siviilii fi waraana amantaa akka itti afarsee jiru addeessa.

Bakka kanatti seenaa wal fakkaataa biyya keenya keessa jiru wajjiin walbira qabanii ilaaluun gaariidha.

Waraana **Biafran** jedhamuun kan beekamu waraanni sivilii Naajeeriyaa akkuma biyya keenyaatti taayitaan ministeera hundaa keessatti sadarkaan bulchiinsa mootummaa federaalaa Naajeeriyaa humna waraanaa warra kaaba Naajeeriyaatii dhufaniin qabamee ture.

Warri kibba biyyattii ammoo kana mormuun lafaa ka'anii Fincila Diddaa gabrummaa gaggeessan.

Warri kaabaa kun humna waraanaa guddaa uummata itti bobbaasuun uummata Biafraa kana akka malee kan miidhan yoo ta’u lafa madda humna boba’aa Niger Delta qabeenyaa isaanii qabachuun dinagdee isaanii saamanii biyyoota akka Britania, fi soviet union itti gurgurachuun meeshaa waraanaa bitatanii uummanni sun akka beelaan lafarraa haxaa’amu gochuun beelaafi dhukkubaan uummata miidhuu akka toftaa waraanaatti tarsiimoo baafachuun waraana waggaa lamaafi walakkaa gaggeeffameen namoonni siiviilii qofti miiliyoona lamaa ol dhumaniiru.

Barreessaafi Qorataa siyaasaa beekamaan Sheriff Ghali Ibrahim ammoo akka ibsutti guutummaa Afrikaatti bulchiinsi humna waraanaa madda gochaa badaa hojii seexanaa ta’an ardii Afriikaa keessatti raawwataman hedduuf ka’usa dha.” Jedha.

**Bulchiinsi Humna Waraanaa akkatti inni biyyaafi saba hiyyummaa jalattu ukkaamsee; awwaalee hambisu yeroo tarreessu, Afaan Ingilizziin akkana jedha:**

Military rule has brought about:

(a) corruption

(b) abuse of human rights

(c) devaluation of currencies

(d) economic decay

(e) institutional collapse

(f) has widened the gap between rich and poor

(g) it has tarnished countries image abroad

(h) they have frustrated efforts for democratic rule

(i) they have changed the course of countries history

(j) they have created unemployment and suffering

(k) they have underdeveloped the continent.

Albeit all these factors accounted for the evils of military dictatorship

Jedha Sheriff Ghali Ibrahim kitaaba isaa Military intervention and underdevelopment in Africa jedhu keessatti.

Waraana baroota dheeraaf bulchiinsa Humna waraanaa Darguutiin gaggeeffamaa tureen qabeenyaan biyyattiifi lubbuun namoota hedduun bilaasha darbaa biyyattiin eegee biyya hundaa taatee hafnee as keenye.

Wayyaaneenis seenaa biyyoota addunyaa keenyaa kana irraas ta’e seenaa biyyattii kana irraa waan baratte hin fakkaatu.

Mirga ofiin of Bulchuu Oromoon qabu irra ejjechuun Kanuma ofiin bixxillitee uumte OPDO illee diigdee Oromiyaa bulchiinsa humna waraanaa jala galchitee argamti.

Kun ammoo biyyattii daranuu tasgabbii dhabsiisee kasaaraa kana hin jedhamne akkaan fokkisaa ta’e keessa buusa malee akka isaan yaadanitti gaaffii uummata Oromoo ukkaamsuuf kan danda’u miti. Addunyaa kana irratti waraanni gaaffii uummataa ukkaamsee hambise seenaa keesatti hin argamne; hindhagahamnelleedha.

Kanaafuu humni waraanaa gaaffii mirgaa ukkaamsuuf furmaata ta’ee hinbeeku.

Mootummaan Itoophiyaa har’a maqaa isaallee yeroo uf waamu Federaal repaplic of Ethiopia dha ufiin jedha malee mootummaa humna waraanaan bulu ta’uusaa illee uf hin himu.

Garuu paartii akka EPRDF kana yoo ta’e Hitileeris ni qaba ture. Dargiinis paartiima akkasii isepako fi Isepa maqaa uf moggaasuun qaba

ture. Garuu guyyaa tokkollee bulchiinsi isaa Military rule jalaa bahee hinbeeku ture.

Lammiilee biyyattii otoo mana murtiitti hindhiheessine rasaasaan akkaayee goodaatti hambisaa ture.

Kun ammoo kanuma har'a waraanni Bulchiinsaa humna waraanaa wayyaanee Oromiyaa keesaatti gaggeessaa jiruun kan adda isa godhu hoomtuu hin jiru.

Fakkaattonni wayyaanees har'a addunyaa keenya irratti tokkoofii lama miti hedduutu argamu. Isaan kana keessaa Mootummaan Siriyaa tokkodha.

Garuu kan nama dinqu hundi isaaniituu akkuma Qawwee abdatan dhumarratti qawween badu.

Garuu Mootummootiin abbaa irree kun Meeshaa waraanaa dhiisanii otoo bakakkaa hidhatanii dhufan illee humna uummataatii ol ta'anii hinbeekan.

Akka seeraatti gaheen humna waraanaa tokko Daangaa biyyaa eeguufi wayta balaan uumamaa biyyaafi sabarra gahe dirmachuudha malee bulchiinsa uummataa keessa galuun qoodasaa miti. Tahuullee hinmalle.

Bulchiinsi kan mootummaa siviilii tahuuqaba. Kanaafuu har'allee waraanni ilmaan Oromoo wayyaanee keessatti argamtan hundaa ol qooda keessan bahuun qabsoo uummanni Oromoo mirgasaafi abbaa biyyummaa isaa kabajsiifachuuf gochaa jiru cinaa akka dhaabbatan isin gaafachuu feena.

Mootummaan wayyaanee yeroo har'aa bulchiinsa Oromiyaa irra tarkaanfattee Oromiyaa bulchiinsa humna waraanaa jala galchuunshee

mootummittiin hangam takkaa akka kufte kan agarsiisudha malee jabina mootummittii kan agarsiisu miti.

Oromiyaa keessatti gaaffiin uummataafi FXG humna mootummaatiin ol tahuu kan agarsiissuufi qabsoon Oromoo hangam takkaa akka itti cime kan mirkaneessu tahuun beekamuu qaba.

“Kan yoo ilaalan lafa guute, yoo qaban qabaa hinguuttu.” akkuma Oromoon jedhu. Yookaanimmoo kabajamaa Weellisaa Dooktara Alii Birraa akka jedhe “…laalan fagoo, yaaman dafoo!” dha dubbiinsaa yoo ilaallu kan fagoo ykn guddaa nutti fakkaatu kun yoo yaamne ammoo jechuun yoo ykn sochoone ammoo wanti barbaannu daddafiin nuuf dhufa ykn argama.

**Kanas ta’e sana, Mootummootiin abbaa irree Meeshaa waraanaa dhiisanii otoo bakakkaa hidhatanii dhufan illee bulchiinsonni humna waraanaa isaanii, humna uummataatii ol ta’anii hinbeekan.**

(Hariiroo Jorgootiin-Qeerroo Bilisummaa Oromoo-Oromiyaa!!)